**Mirga Namoota Midhaa Mana Keessaatiif Saaxilamaa Ta'anii Fi Odeeffannoo Tarree Viizaa Jireenyaa Sababa Gaa'ilaatiif Argamuu**

**Kaayyoo**

Namoonni irra caalaan viizaa jireenyaatiin gara biyya Ameerikaa imalanii miidhaaf saaxilamoo kan ta'an afaan Ingiliffaa waan hin beekneef, maatii fi hiriyoota isaanii irraa adda bahanii kan jiraatan waan ta'ee fi seerota biyya Ameerikaa haala gahaa ta'een waan hin beekneefidha. Kana irraa kan ka'e iyyattooni Viizaa jireenyaa miidhaa mana keessatti isaan irra gahu poolisiif beeksisuufis ta'ee gargarsa kamiiyyuu gaafachuuf hin onnatan. Kunis midhamtoonni hedduun walitti dhufeenya miidhaamaa isaan taasisu keessa akka turan isaan godha. Waraqaan balali'aan kun miidhaan mana keessaa maal akka ta'eefi waa'ee mirga seera Ameerikaajalatti qabadanii odeeffannoo isiniif kenna. Kunis bu'uura seera ittiin bulmaataa walqunnamsiisaa gaa'ilaa Idil Addunyaa (Internatiional Marriewge Broker Act-IMBR)'tiin mootummaa Ameerikaa iyyattoota biyya alaa sababa kadhimaatiin yookan sababa gaa'ilaatiin viizaa jireenyaa argataniif waa'ee mirga seera Ameerikaajalatti qabanii akkasumas kaadhimaan Ameerikaa isaanii/abbaa/haati manaa isaanii miidhaa mana keessaa yookan yakkawwan biro waliin walqabatee seenaa qaban ilaachisee odeeffannoo kennuu waan qabuufidha. Kaayoon dhimma kanaa inni guddaa waa'ee adeemsa viizaa fayyadamtoota gaaffii jireenyaa kiidhamaa yookan gaa'ilaa keessa darbanii walittidhufeenya isaanii keessatti yoo miidhaan isaa irra gahe akkamitti gargaarsa argachuu akkadanda'an odeeffannoo sirrii kennuudha.

**Miidhaan Mana Keessaa Maalii?**

Dhirsi yookan niitiin yookan hiriyaan jaalalaa jaalle isaa/ishee irratti sodaachisuu yookan miidhaa qaamaa kan gaaeessisu/tu yoo ta'e miidhaa mana keessaa jedhama. Kunis miidhaa qaamaa kamiiyyuu, walqunnamtii saalaa fedhiin ala raawwatamu, ofirraa fageessuu yookan sodaachisuun dhiibaa miira irratti godhamu, itti dhaadachuu fi sodaachisuu maallaqaa yookan viizaa jireenyaatiin walqabatu hunda ni hammata. Miidhaawwan mana keessaa hedduun kan raawwataman dhiirotaan yoo ta'u miidhamtoota dubartootaa fi daa'immani. Haata'u malee miidhaan mana keessaa dhiirota irras gahuu ni danda'a. Miidhaan mana keessaa qoccoolloo saalqunnamtii, saamicha daa'imman irra gahuu fi miidhaawwan biroos ni dabalata. Qoccolloo saalqunnamtii jechuun gocha saalqunnamtii dhirsaa/niitii yookan nama biro irratti fedhii malee qaqqabu kamiiyyuu jechuudha. Saamichi yookan miidhaan daa'imman irra gahu kan armaan gadii ni dabalata.

- Balaa tasaa osoo hin dabalatin haala barbaachisaa ta'een olitti daa'imman adabuun yookan sababoota birootiin miidhaa daa'imman irra gahu,
- Nyaata, dawoo, yaalaa fi to'annoo kunuunsaa barbaachisaa kanuu dhabuu,
- Miidhaa saalqunnamtii
- Dhiibbaa miiraa sodaachisuu akkasumas kunuunsa jaalalaa barbaachisaa dhorkuun uumamu,

Haala kamiiniyyuu miidhaan mana keessaa, qoccolloon saalqunnamtii, daa'imman irratti miidhaa geessisuun gocha seera Ameerikaatiin dhorkameedha. Namni biyya Ameerikaa jiru kamiiyyuu sanyiin, sabni yookan haalli jireenyaa osoo isahin dhorkin miidhaa irraa eegamuuf eegumsa seeraa ni qaba. Namni miidhamaa miidhaa mana keessaa ta'e kamiiyyuu iyyataa gaaffii viizaa jireenyaa yookan lammummaa ta'uun osoo isa hin dhorkin gargaarsa argachuu ni danda'a. Namni iyyannoo jireenyaa dhiyeessee miidhaan mana keessaa irra gahe eegumsa seeraa jiraataaf godhamu argachuuf gahaadha.

Miidhaan mana keessatti kan isin irra gahu yoo ta'e jajjabaadhaa, waraqaan balali'aan kun kan qophaa'e gargaarsa barbaachisaa akkamitti akka argachuu dandeessanii fi dhimmicha irratti seera Ameerikaa jalatti mirga qabdan ibsuufidha.

**Miidhamtoonni mana keessaa seera Ameerikaa jalatti mirgoonni seeraa qaban maalii?**

Namni biyya Ameerikaa keessatti argamu kamiiyyuu haalli jireenyaa yookan lammummaa osoo isa hin daangessin eegumsawwan seeraa bu'uuraa seera hariiroo hawaasa seera adabbii yakkamaa jalatti kaa'amanii ni godhamuuf. Dabalataanis mirgoota dhimmoota maatii ilaallatan jalatti ibsaman ni qabaattu.

- Ofii keessaniifis ta'ee daa'ima keessanii eegumsa seeraa argachuu,
- Heeyyamni abbaa/haadha manaa keessanii osoo isin hin barbaachisin diigaa gaa'ilaa seera qabeessa raawwachuu yookan addaan bahuu,
- Qabeenyawwan gaa'ila keessatti horataman waliin itti fayyadamuu, (yeroo diigaa gaa'ilaatti manneen murtii isinii fi abbaa/haadha manaa keessan gidduutti hirannaan maallaqaa fi qabeenyaa akka godhamu ni murteessu.)
- Ijoolee guddisuu, deeggarsa maallaqaa argachuu (warri ijoolee umrii waggaa 12 gadi ta'an qaban ijoollee isaanii kanneen isaan waliin hin jiraanneef deeggarsa godhuun isaan irraa eegama.)

Mirgaa fi dirqamawwan seeronni maatii kana fakkaatan isiniif kennan irra caalaatti hubachuuf iyyattoota gaaffii jireenyaa waliin abukaatoowwan seera maatii irratti hojjetan waliin mari'adhaa.

Namni gochi yakkaa irratti raawwatame kamiiyyuu haallii jireenyaa yookan lammummaa osoo

isa/ishee hin dhorkin gargaarsa barbaachisaadhaaf poolisiitti bilbiluu ajaja eegumsa seeraa mana murtii irraa argachuuf mirga qaba. Isin yookan daa'imti keessaa balaa keesasa yoo jiraattan 911 irratti poolisiif bilbilaa. Kaadhimaan keessan yookan abbaan/haati manaa keessan yookan namni biroo gocha yakkaa akka raawwatan yoo shakkaman to'annoojalaa ooluuni danda'u. miidhaa fi hubama qaamaa isin irra gahe kamiiyyuu yeroon isaa kan darbe ta'ullee poolisiif beeksisuu qabdu. Namni kamiiyyuu haalli jireenyaa yookan lammummaa osoo isa hin daangessin gocha yakkaa poolisiif beeksisuu (gabaasa gochuu ni danda'a).

Bifa walfakkaatuun miidhamaa/tuu mana keessaa yoo taatan ajajni eegumsaa akka isiniif kennamu mana murtiif iyyachuu ni dandeessu. Ajajni eegumsaa yookan dhorkaa mana murtiin kenname namni miidhaan isin irraan gahe akka isiniif hin bilbille, qaamaan akka isin hin arganne, akka isinitti hin dhiyaanne, yookan isin/daa'ima keessan/ miseensa maatii keessan irratti miidhaa akkahin qaqqabsiisne kan dhorku ta'a. Namni kun ajaja eegumsaa irra kan darbe yoo ta'e to'annoo jalaa kka oolu poolisiif beeksisuu ni dandeessu. Ajaja eegumsaa argachuuf iyyannoo karaa manneen murtii, buufatawwan poolisii, iddoowwan turmaata dubartootaa fi biiroowwan tajaajilli seeraa itti kennamutti dhiyeessuu ni danda'u. namni miidhaa isin irraa gahe himannaa yakkaa yoo isin irratti dhiyeesse haalli jireenyaa yookan lammummaa osoo isin hin daangessiin abukaatoo dubbisuuf, bakka abukaatoon keessa hin jirretti deebii kennuu dhiisuu fi ofirraa ittisuuf mirga qabdu. Haalli akkanaa yoo isin qunname dhimmoota jireenyaa (immigireeshinii) akkasumas abukaatoowwan dhimma yakkaa qabatan waliin mari'achuu qabdu.

**Miidhamtoota miidhaan mana keessaa fi qoccolloon saalqunnamtii irra gaheef tajaajilawwan biyya Ameerikaatti kennaman maalfa'aadhaa?**

Namoonni biyya Ameerikaatti gocha yakkaatiin miidhamaa ta'an haalli haalli jireenyaa yookan lammummaa osoo isin hin daangessiin tajaajila gorsa, hiikkaa afaanii, turmaata yeroo balaa, deeggarsa maallaqaa dhaabbilee mootummaa yookan miti mootummaatiin kennaman argachuu ni danda'a. Lakkofsawwan bilbilaa armaan gadii ogeessonni gargaarsa kaffaltii irraa bilisaa sa'aatii 24 kennan kan ittin argamaniidha. Lakkoofsota kanneeniin yoo bilbilan ogeessota hiikaa afaanii kanneen afaan keessaniin tajaajila kennan ni argattu. Ogeessoonni iddoo turtii yeroo balaa, gargaarsa yaalaa, tajaajila gorsaa fi seeraa, itti argachuu dandeessan isiniif eeru.

Miidhaa mana keessaa biyyaalessaa kan ittiin beeksisan (hotline)
Bilbila: 1-800-799-SAFE- (1-800-799-7233)
1-800-799-787-3224(TTY)
Marsariitii: www.ndvh.org

Giddu gala biyyaalessaa kan ittiin beeksisan (hotline)
Bilbila: 1-800-656-HOPE- (1-800-656-4673)
Marsariitii: www.rainn.org

Miidhaa saalqunnamtii biyyaalessaa kan ittiin beeksisan (hotline)
Bilbila: 1-800-656-HOPE- (1-800-656-4673)
Marsariitii: www.rainn.org

Giddu gala biyyaalessaa daa'imman badanii fi miidhaaf saaxilamoota'anii
Bilbila: 1-800-656-THE LOST (1-800-843-5678)
Marsariitii: www.missingkids.org

Giddu gala biyyaalessaa saaxilamtoota gocha yakkaa
Bilbila: 1-800-FYI-CALL (1-800-394-2355)
1-800-211-7996 (TTY)
Marsariitii: www.ncvc.org

Yaadannoo: Ergamni dhaabbilee kanneenii nageenyaa fi eegumsa kan ilaallate qofadha.

**Miidhamaa miidhaa mana keesasa/qoccolloo saalqunnamtii/gocha yakkaa gosa biroo yoo ta'an filannoowwan jireenyaa (immigireeshinii) gosa kamiin qabaa?**

Namoonni gaaffii jireenyaa dhiyeessanii miidhaa mana keessaa, qoccolloo saalqunnamtii, yookan gocha yakkaatiin miidhaman ofii isaaniif yookan ijoolleessaa isaaniif gaaffii jireenyaa karaalee sadiin dhiyeessuu ni danda'u. Kunis yoo ta'u iccitiin gaaffii dhiyeessanii kan eegameta'a.

Kanaafuu nama miidhaan isin irraaan gahe yookan yakkicha raawwate yookan miseensa maatii keessan dabalatee waa'ee gaaffii isii dhiyeessitanii akka beekan hin taasifamu. Filannoowwan sdeen gaaffiileen ittiin dhiyaachuu danda'an kan armaan gadiiti:

- Iyyannoo dhuunfaa seera miidhaa dubartoota irra gahu hooganuuf bahe (VAWA) jalatti jireenya seeraa argachuuf dhiyaatu
- Haqiinsa dhorkaa iyyannoo jireenyaa (VAWA) jalatti
- Iyyannoo miidhamtoota gocha yakkaatiif dhiyaatu (U-Immigration status)

**Addemsa heeyyama jireenyaa argachuu gaa'ila bu'uura godhatee maal fakkaataa?**

Adeemsi heeyyama jireenyaa fi lammummaa argachuu gaa'ila bu'uura godhate adeemsawwan garaa garaa darbee kan kennamuudha. Adeemsi kun gosa Viizaa gara biyya Ameerikaa imaluuf argattanii fi dhimmoota walqabatoo biroo irratti kan hundaa'e ta'a. kanaa gaditti waa'eegosoota Viizaa fi mirgoota seeraa isin qabdanii odeeffannoo waliigalaa ni argattu.

K-1 (Haala jireenyaan ala jiru-nama kiidhamaa lammii Ameerikaa ta'eef) – Gosa Viizaa kana jalatti Kaadhimaa keessan kan lammii Ameerikaa ta'e waliin gara Ameerikaatti galuun dura yookan erga galtanii booda guyyoota 90 jiran keessatti gaa'ila raawwachuu qabdu. Gaa'ila erga

raawwattanii booddee jiraataa lammii Ameerikaa gaaffii jireenyaa isiniif dhiyeesse waliin ta'uun yookan iyyannoo jireenya dhaabbataa yookan sirreessa haala jireenyaa (FORM I-865) dhiyeessuu qabdu. Iyyannoo isin dhiyeessitan fudhatama yoo argate haalli jireenyaa keessan K irraa gara jireenya dhaabbataa haalota irratti hundaa'eetti ni jijjiirama. Haalli jireenyaa haalota irratti hundaa'e kun waggoota lamaaf kan turu ta'a.

Nama lammii Ameerikaa Viizaa K isiniif iyyate waliin gaa'ila osoo hin raawwatin biyya Ameerikaa keessaa yoo turtan yookan nama biro waliin yoo gaa'ila raawwattan haal duree Viizaa irra kan darbitan waan ta'eef beekamtii jireenyaa seera qabeessa kamiiyyuu hin qabaattan. Dabalataanis seerri biyya Ameerikaa akka gadi lakkistan isin godhu isin irratti banamuu fi adabbiiwwan gosa biro isin irratti gatamuu ni danda'u.

K-3 (Haala jireenyaan ala jiru- nama dhirsa/niitii lammii Ameerikaa ta'eef) – Heeyyama Viizaa gosa akkanaa yoo qabaattan iyyannoon Viizaa maatii keessan (I-130) hanga heeyyama argatutti yeroodhaaf gara Ameerikaagaluu ni danda'u. Iyyannoo Viizaa (heeyyamaa) maatii keessan fudhatama yoo argate heeyyama jireenyaa dhaabbataa (Giriin Kaardii) argachuu ni danda'u. Kanaafis iyyannoo jireenya dhaabbataa yookan sirreessaa haala jireenyaa (Unka 1-485) dhiyeessuu qabu.

Iyyannoonni kanaan ala jiran kanneen gaa'ilaa bu'uura godhatanii gaaffii jireenyaa dhiyeessan odeeffannoo biiroo qoonsilaa Ameerikaatiin isaaniif kenname ilaaluu qabu. Odeeffannoo dabalataa marsariitii armaan gadii irra ilaaluu ni danda'u. http://www.uscis.gov

**Adabbiiwan waliin dhahuu gaailaan walqabatee raawwataman irratti gataman maal fa'aadhaa?**

Iyyattoonni jireenyaa gaa'ilaan walqabatee gocha waliin dhahuu raawwatan biyya Ameerikaa gadi lakkisanii akka bahan tarkaanfiin seera irratti fudhatamuu ni danda'u.

Dabalataanis gara fuulduraa gaaffii Viizaa Ameerikaa gosa kamiiyyuu yoo dhiyeessaa kufaa jalaa godhamuu ni danda'a. Gocha waliin dhahuu gaa'ilaan walqabateen yakkamaa (balleessaa) ta'anii argamuun hidhaa hanga waggaa shanii gahuu fi adaddii hanga Doolara Ameerikaa 250,000.

**Nama lammii Ameerikaa ta'e waliin gaa'ila yoo raawwatan haalli jireenyaa argamu maali?**

Iyyannoo jireenya dhaabbataa keessan (1-485) fudhataa yoo ta'e gaa'illi keessan yeroo waggoota lamaa gadiitiif kan ture yoo ta'e biiroo immigireeshinii Ameerikaa irraa (USCIS) heeyyama jireenyaa yeroof (haala irratti kan hundaa'e) ni argattu. Heeyyamni kun waggaa lama guutuuf guyyooni sagantama yoo hafan isinii fi abbaan/haati manaa keessan waliin ta'uun daangaa haalota heeyyama jireenyaa keessan irra jiru akka ka'u iyyachuu qabdu. Kanaafiss gaa'ilichi yaada qulqulluun kan raawwatame ta'uu isaa fi fudhatmaa seera qabeessa kan qabu ta'uu isaa mirkaneessuu qabdu. Daangaa haalotaa heeyyama jireenyaa keessan irra jiru erga ka'ee booda heeyyama jireenyaa dhaabbataa dhuunfaa keessanii kan abbaa/haadha manaa keessan lammii Ameerrikaa ta'e irratti hundaa'e ni qabaattu.

Iyyannoo jireenya dhaabbataa keessan (1-485) fudhataa yoo ta'e gaa'illi keessan yeroo waggoota lamaa oliitiif kan ture yoo ta'e heeyyamni jireenyaa dhaabbataa isiniif ni kennama. heeyyama kan yoo argattan haalli jireenyaa keessan kan abbaa/haadha manaa keessan lammii Ameerrikaa ta'e irratti hundaa'e ta'uun ni hafa.

Jiraattonni heeyyama jireenyaa haalota irratti hundaa'e qaban haalli heeyyama isaanii irra jiru akka isaaniif ka'u hiriyaa gaa'ilaaisaanii waliin iyyachuu akka qaban tumaan seeraa kaa'u akka isaaniif ka'u (akka isaan irrattihin raawwatamne) filannoowwan sadi kan ittiin heeyyama gaafachuu danda'an jiru. Kunneenis:

1. Haalonni ka'uun isaanii rakkoo cimaa kan qaqqabsiisu yoo ta'e yookan
2. Sababiiwwan du'aan ala ta'aniin gaa'illi yoo diigamee fi iyyataan daangaan haala irra jiru yeroon akkanni ka'u gaaffii kan dhiyeesse yoo ta'e (iyyannoo yeroo barbaachisutti dhiyeessuu dhabuun balleessaa yoo ta'uu baate/tte) yookan
3. Yeroo gaa'ilaatti jaalleen gaa'ilaa lammii Ameerikaa ta'e yookan heeyyama jireenya dhaabbataa qabu jaallee gaa'ilaa heeyyama jireenyaa haalota irratti hundaa'e qabdu/du irratti miidhaa yookan gocha gara jabeenyaa yoo raawwate/tte.

Gaaffileen naaf haa ka'uu sadeen kan dhiyaachuu qaban (unka 1-751) irrattidha. Dbalataanis gaa'ilichi yaada qulqulluun kan raawwatame akka ta'ee fi kan waliin hin dhahamne akka ta'e mirkaneessuu qabu.

**Namoonni lammii biyya alaa ta'anii fi kaadhimaa yookan dhirsa yookan niitii lammii Ameerikaa qabanii fi ijoolleen isaanii mirgoonni isaanii akkamitti kabajamuu akkadanda'u odeeffannoo dabalataa akkamitti argatuu?**

Dambiin ittii bulmaataa walqunnamsiisa gaa'ilaa Idi Addunyaa (IMBRA) A.L.A'tti bara 2005 ragga'e adeemsi iyyannoo jireenyaa gaa'ila bu'uura godhate faayidaa kaadhimaa yookan hiriyaa gaa'ilaa lammii Ameerikaa lammummaa biyya alaaqabanii eeguu akka qabu ni kaa'a. Akkasumas mootummaan Ameerikaa iyyattoonni jireenyaa gaa'ilaa lammii biyya alaa ta'an bu'uura godhate miidhamtoota miidhaa jaallee gaa'ila gaaffii Viizaa isaaniif dhiyeessee akka hin taane odeeffannoowwan gargaaran akka kennu ni gaafatama. Kanaafis sababiin namoonaadhimaan

yookan gaa'ilaan gara Ameerikaa jiraachuuf deeman seerota Ameerikaa haalagahaa ta'een waan hin beeknee fi maatiin yookan hiriyaan mana keessatti miidhaan akka irra hin geenye dhorku dhiyeenya isaaniiti waan hin jiraannefidha. Kanaafis seerichi waraqaa balali'aan kun barreeffamaan akka tatamsa'uu fi of keessatti odeeffannoo tarree seerota biyya Ameerikaatti miidhaa irraa isin ittisuu fi tajaajilawwan jiranii akka kennu ni ajaja. Dabalataanis seerichi jaalleen gaa'ilaa keessan seenaa yakkaa irra deddeebi'aa ta'e yoo qabaatan iyyannoo Viizaa kaadhimaa isiniif dhiyeessu akka kufaa ta'u ni godhama. Kanaan walqabatee garagalchi deeggarsa iyyannoo Viizaa (Sponsorship) fi haalli seenaa yakkaa isaanii/keessan isniifis akka qaqqabu ni ajaja.

**Dhimmoota Walqunnamsiisssa Gaa'ilaa Idil Addunyaa Ilaallatan Mootummaa Ameerikaattiin Akkamitti Keessummeeffamuu?**

Gaa'illi kan raawwatamu karaa dhaabbata walqunnamsiisaa gaa'ilaatiin yoo ta'e dhaabbatichi teessoo keessan maamila lammii Ameerikaa ta'eef kennuun duratti heeyyama keessan argachuuf fi waa'ee seenaa yakkaa waa'ee nama sanaa fi odeeffannoo tarree biroo kennuun qaba. Umrii waggaa kudha saddeet gadi yoo taatan dhaabbanni akkanaa kun hojii gaa'ila walqunnamsiisuu gosa kamiiyyuu isin waliin raawwachuu hin danda'u.

**Oddeffaannoo seenaa yakkaa waa'ee kiidhamaa yookan hiriyaa gaa'ilaa koo lammii Ameerikaa ta'ee na qaqqabu qofti murtii kiidhimummaa yookan gaa'ilaa gochuuf gahaa dhaa?**

Galmeen seenaa yakkaa dhaabbanni gaa'ila walqunnamsiisu isiniif dhiyeessu odeeffannoo dhaabbilee mootummaa garaagaraa irraa walitti qabameen fi bu'uura odeeffannoo maamiloonni iyyannoo jireenyaa irratti tarreessaniinidha. Manni hojii immigireeshiinii mootummaa Ameerikaa (USCIS) odeeffannoo gocha yakkaa Ameerikaa guutuutti raawwatame (Database Access) qabaachuu baachuu danda'a. Dabalataanis kiidhamaan yookan hiriyaan gaa'ilaa keessan lammii Ameerikaa ta'e seenaa miidhaa seeraan hin beekamne (hin mirkanoofne) raawwachuu qabaachuu ni danda'a. Kanaafuu galmeen seenaa yakkaa isin qaqqabu guutuu fi gahaa ta'uu baachuu danda'a. Kaayyoon guddaa dambii ittiinbulmaataa walqunnamsiisaa gaa'ilaa odeeffannoo barbaachisaa dhiyeessuu qofa yoo ta'u walitti dhufeenyi kaadhimaa/gaa'ilaa nageenya keessaniif kan hin sodaachisne ta'uu murteessuun itti gaafatamummaa keessani.

**Namni kiidhamaa yookan hiriyaa gaa'ilaa lammii Ameerikaa ta'een miidhaan mana keessaa irra gahe miidhamaa nanneessa namootaa seeraan alaa ta'uu ni danda'aa?**

Namni tokko miidhaan mana keesaatiin dabalatatti saamichawwan biroo kanneen akka naannessa namootaa seeraan alaatiif saaxilamaa ta'uu ni danda'a. kunis hojii humnaa dirqamsiisaa hojjechuu yookan gochawwan saalqunnamtii bu'aadaldalaa irratti hundaa'een miidhamaa ta'uu ni hammata.

Naannessa namootaa seeraan alaa ilaalchisee teessoo armaan gadiitiin gargaarsa argachuu ni danda'u

1. Giddu gala odeeffannoo naannessa namootaa seeraan alaa biyyaalessaa
   Bilbila: 1-888-373-7888 (Guyyoota torban torbaniitiif sa'aatii 24f)
   Marsariitii: www.acf.hhs.org/trafficking
2. Humna beeksisaa naannessa namootaa seeraan alaa fi saamicha hojjettootaa mana hojii Ameerikaa

Bilbila: 1-888-428-7581 (Wiixataa hanga Jimaata ganamaatti sa'aatii 3:00-11:00)

Marsariitii: www.usdoj.org/crt/crim/tpwetf.php

Odeeffannoo dabalataatiif marsariitii keenyaan yookan lakkoofsa kaffaltii irraa bilisaa kanatti aanee jiru irratti bilbiluun nu argachuu ni dandeessu.

Odeeffannoo waliigalaa USCIS- Sarara bilbilaa kaffaltii irara bilisaa (biyya Ameerikaatti)
1-800-870-3676 yookan Marsariitii keenya http://www.uscis.gov jechuun daawwadhaa.